

# Mirgoota Keessan Qorannoo Keessaa:

## Waraqaa Odeeffannoo Namoota Qorannoo

### Baqannaa Dirqisiifamaa Keessatti Hirmaataniif

Qorannoo tokko keessatti hirmaachun sagaleen keessan akka dhagahamu carraa isinii kenna, garuu akkasumas isinitti mijatuu dhiisuu, yeroo yookan maallaqa isin gaafachuu fi/ykn qaaman yookan miiran mijinni akka isinitti hin dhagahanne gochuu danda'a. Waraqaan odeeffannoo kuni jechoota furtuu ibsa akkasumas mirgoota keessan ibsa.



#### **Fedhiidhan, eeyyama beekumsa irratti hundaa'e**

Kana jechuun piroojektii qorannoo keessatti hirmaachuu fi dhiisuu keessan isin qofatu murteessuu danda'a jechuu dha. Mee kana caccabsinee haa ilaallu.

*Fedhiidhan* jechuun hirmaachuu diduu keessaniif osoo hin adabamin akkasumas hirmaachudhaaf itti walii galuu keessaniif faayidaalee gurguddoo (kan akka maallaqa hamma guddaa) osoo hin argatin fedha keessan murteessuu dandeessu jechuu dha.

- Hirmaachuu diduu keessaniif wantoota yookan tajaajiloota dhorkamuu hin dandeessan.
- Yoo namni tokko, aangawni mootummaa, yookan dhaabbanni akka hirmaattan isin gorse illee, hirmaachuu hin qabdan. Yoo hirmaachuu diddan illee, ammallee tajaajilootaa fi qabeenyota walfakkaatoo argachuuf mirga qabdu.

## Mirgoota Keessan Qorannoo Keessaa

*Beekumsa Irratti Hundaa'uu* jechuun qorannichi waa'ee maalii akka ta'e, maal akka isin irraa eegamu, fi faayidaalenii fi miidhawwan hirmaachuu maal akka ta'an beekuf mirga qabdu jechuu dha.

- Qorannichi yeroo hammamii akka fudhatuu fi maal akka isin irraa eegamu gaafachuu qabdu.
- Qorannichi akkamitti akka qooddamuu fi bu'aawwan qorannichaa akkamitti akka argachuu dandeessan beekuf mirga qabdu.
- Mirga odeeffannoo kana afaan isin hubattaniin argachuu qabdu. Yoo barbaaddan afaan hiikaa fi turjumaana argachuuf gaafachuu dandeessu.
- Yoo gaaffilee yookan yaaddowwan qabaattan gaafachuu akka dandeessan, qorataan odeeffannoo qunnamtii isiniif kennuu qaba. Odeeffannoon qunnamtii akkasuma yeroo booda qorannicha keessaa bahuu yoo barbaaddanis fayyadamuu dandeessu.
- Mirga yeroo kamiyyuu gaaffii gaafachuu qabdu.

*Eeyyama* jechuun hirmaachudhaaf ifatti itti walii galtan jechuu dha.

- Namuu bakka keessan eeyyama hin kennu (yoo daa'iiman umuriin hin geenye yookan ga'eessota hanqina dandeettiwwan beekumsaa qabaniif malee; haalota kanneen keessatti odeeffannoo eeyyama kennuu argachuuf armaan gadi ilaalaa).
- Yeroo baay'ee, qorannicha keessatti hirmaachuf eeyyamuu keessan karaa seera qabeessa ta'een agarsiisudhaaf unkaa akka guuttan ni gaafatamtu. Unkicha mallatteessuu yookan dhiisuu keessan murteessuun dura, mirga firoota, hiriyoota, hojjetoota iddoo qubannaa, miseensota hawaasaa, yookan nama biraa kamiyyuu mari'achiisuu qabdu. Qorataan gargalcha unkaa isin mallatteessitanii isinii kennuu qaba.

## Mirgoota Keessan Qorannoo Keessaa

- Yoo filannoo keessan ta'e, eeyyama afaanii kennuuf gaafachuu dandeessu. Ulaagaalee Boordii Namuusa Qorannoo (REB0 qorataa irratti hundaa'un, kuni yeroo hunda hin danda'amu.<sup>1</sup>
- Yeroo feetan kamittuu qorannicha keessaa bahuu dandeessu— qo'annoo qorannichaa akka xumuurtan hin dirqisiifamtan. Yoo addaan kutuuf murteessitan, odeeffannoon keessan kamiyyuu faayidaa irra akka hin oolle gaafachuuf mirga qabdu.
- Akkasumas gaaffii addaa kamiyyuu deebisuu yookan qaama qorannichaa ta'e kamiyyuu irratti hirmaachuu diduu dandeessu.

*Waliigaltee* jechuun namni umuriin hin geenye yookan hanqina dandeettiiwwan beekumsaa qabu hirmaachuf itti waliigaluu jechuu dha. Haalota kanneen keessatti, qorannichi akka itti fufu maatin yookan guddisaan akkasuma dirqama eeyyama kennuu qaba. Jecha biraatin, eeyyamas waliigaltees ni barbaada.



**Mirga dhuunfummaa fi iccitummaa keessan** jechuun qorataan isin yookan deebii keessan eeyyama ifa ta'e yoo kennitan malee adda baasuu hin danda'u jechuu dha.

Wantoota muraasa yaadun barbaachisu:

*Dhuunfummaan* mirga dhiibbaa yookan giddu-seentummaa irraa bilisa ta'uu fi mirga odeeffannoo waa'ee keessanii too'achuuti.

- Qorannichi iddoo dhuunfaa fi naga-qabeessa ta'etti, iddoo namoonni biroo isin beekan hin jirrettii fi isin akka qorannicha keessatti hirmaattan hin beeknetti akka gaggeeffamu gaafachuuf mirga qabdu.
- Mirga bu'aawwan qoranichaa keessatti adda baafamuu filachuu yookan dhiisuu qabdu. Haalota tokko tokko keessatti, yoo isin ifatti

<sup>1</sup> Boordin Namuusa Qorannoo (Research Ethics Board, REB) koree dhaabbata qorataa jiruu dha, kunis qoratichi qajeelfamoota bu'uuraa namuusaa sanada kana keessatti ibsan kabajuu isaa mirkaneessuf piroojektoota qorannoo kan gamaggamuu dha. REB'n mirgoota isin qorannoo keessatti qabdan jajjabeessudhaaf hojjechuu qaba.

## Mirgoota Keessan Qorannoo Keessaa

gaafattan illee, qoratichi maqaa dhugaa geessan fayyadamuu danda'uu dhabuu mala, sababni isaas, namoota biro adda baafamuu hin filanne adda baasuu wan danda'uufidha.

- Mirga odeeffannoon qorannicha irraa argamu akkamitti akka faayidaa irra oolu beekuu qabdu.
- Qorattoonni akkamitti akka bu'aawwan qorannichaa itti argachuu dandeessan haala ifa ta'een ibsuu qabu.

*Iccitummaan eegumsa odeeffannoo dhuunfaati.*

- Qorataan namoonni biroo akka hin arganne odeeffannoo walitti qabame karaa ittiin eegu qabaachuu qaba.
- Mirga odeeffannoon keessan yeroo hammamiitif akka olkaa'amuu fi eenyutu akka isa argatu beekuu qabdu.
- Qorataan odeeffannoo kana qaama sadaffaatti kennuun yookan gurguruun hin eeyyamamuuf.
- Haalota tokko tokko keessatti, qorataan odeeffannoo waa'ee of-miidhuu yookan namoota biroo miidhuu ilaallatan ifa gochuudhaf dirqama namuusaa qabaachuu mala. Unkaan eeyyamaa daangaawwan iccitummaa akkasii ifatti agarsiisuu qaba. Yoo mamii qabaattan, gaafadhaa! Akkasumas odeeffannoon waa'ee keessanii funaanaman hundi maqaa malee akka ta'an (armaan gadi ilaalaa) gaafachuuf mirga qabdu.
- Haalota tokko tokko keessatti, qorataan dalagaa yakkaa poolisiitti gabaasuf dirqama seeraa qaba. Unkaan eeyyamaa daangaawwan iccitummaa akkasii ifatti agarsiisuu qaba. Yoo mamii qabaattan, gaafadhaa! Akkasumas odeeffannoon waa'ee keessanii funaanaman hundi maqaa malee akka ta'an gaafachuuf mirga qabdu.
- Yeroo gaaffilee qorannoo sarara interneetii irraatif deebii kennitan, odeeffannoon kamiyyuu sarvaroota keessatti biyyoota tokko tokko, kan akka Yunaayitid Isteetis keessatti kuufaman, mootummaadhan qaqqabamuu akka danda'u beekuu qabdu. Haalota akkasii keessatti

## Mirgoota Keessan Qorannoo Keessaa

qorataan akkamitti wabii dhuunfummaa fi iccitummaa akka eegu gaafachuudhaf mirga qabdu.

*Maqaa maleessummaa* jechuun bu'aawwan qorannoo ta'an nama kamiyyuu adda baasuf duuka akka hin bu'amneef, odeeffannoon maqaadhan adda nama baasu hin jiru jechuu dha.

- Kuni daangaawwan iccitummaa armaan oliitti ibsamaniif furmaata tokko dha: karaa odeeffannoon funaanamu jechuun, namni tokkoyyuu, qorataa dabalatee, nama odeeffanicha waliin walqabatu akka hin beekne mirkaneessudhaani.
- Yoo haalli baqattummaa keessan ammallee seera qabeessa hin godhamne, qorataan akkamitti akka maqaa maleessummaa odeeffannoo keessaii mirkaneessu gaafachuu qabdu. Yoo hin taane, bu'aawwan (argannoowwan) qorannichaa balaa irra isin buusuu malan.



**Dirqamni miidhaa geessisuu dhiisuu qorataa** jechuun fayyummaan, ulfinnii fi nageenyummaan keessan yeroo hunda yaada keessa gala jechuudha.

- Yoo yeroo adeemsa qorannichaa keessatti yeroo kamittuu mijinni isinitti dhagahamuu dhabe, mirga qorataatti himuu qabdu.
- Yoo qorataan mijinni akka isinitti hin dhagamne gochuu itti fufe, nama amantan tokkotti (hiriya, miseensa maatii, hojjetaa iddoo qubannaa, miseensa hawasaa) himuu qabdu, akkasumas REB qoratichaa dubbisuu qabdu. Odeeffannoon qunnamtii kuni unkaa eeyyaa irratti mul'achuu qaba. Yookan odeeffanicha interneetii irraa barbaaduu dandeessu. Yuunversiitononii fi hospitaaloonni hundi REB yookan koree walfakkaatu qabu.
- Mirga kabajaan fi karaa aadaa, amantaa fi seenaa saba keessanii kabajuun keessummeessamuu qabdu.